(Namni tokko yeroo obboleessa isaa jaallate akka isa jaallatu isatti haa himu)

Miqdaam ibnu ma'adii karib -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyii irraa akka odeessetti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: (Namni tokko yeroo obboleessa isaa jaallate akka isa jaallatu isatti haa himu).

[sirrii] [abuu daawud, tirmizii, nasa'iin kubraa keessatti,ahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hadiisa kana keessatti tokkoo sababoowwan hariiroo gidduu mu'umintootaa cimsituu fi tan jaalala gidduu isaaniitti facaaftu ibsan, innis namtichi yeroo obboleessa isaa jaallatetti akka isa jaallatu isatti haa himu jechuudha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3017